Biiroo Barnoota Bul.Magaalaa Finfinneetti

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 2ffaa Kan Semisteera 2ffaa



Barannoo 16

Boqonnaa 18

Mammaaksaa Fi Geerarsa

Kaayyoo Barannichaa

Barannoo kana booda

- **Maalummaa mammaaksaa ni himtu.**
- **Geerarsi maaliif akka geeraramu ni ibsitu.**

Shaakala Barannoo

Gaaffilee Kennaman Dhuunfaan Shaakalaa

1.Mammaaksi maali jettanii yaaddu?

2.Geerarsa dhaggeeffattanii beektuu?

Mammaaksa

- Mammaaksi gosa afoolaati.
- Afaaniin dhalootaatti daddarbaa dhufe.
- Hawaasa keessatti bakka guddaa qaba.
- Aadaa saba tokkoo ni tiksa.
- Kana jechuun aadaa ofii ittiin ibsuudha.
- Qabeenya nama hundaati.
- Kan saba afaan sana dubbatuuti jechuudha.
- Dhimmoota garaagaraa ittiin ibsuuf oola.

Faayidaa Mammaaksaa

- kan wal lole araarsuuf,
- Amala badaa ittiin to’achuuf,
- Aadaa hojii cimaa akka qabaatan barsiisuuf,
- Qusannaa barsiisuuf,
- Dhimmoota adda addaa qeequu fi k.k.fa’i.

fakkeenyaaf

Mammaaksota beekamoo adda addaa

1.Ol kaa’atan malee ol kaataniif hin fuudhan.

→ Qusannaa barsiisuuf

2.Karaan sobaan darban gala nama dhiba.

→ Amala badaa to’achuuf fkn soba.

3.Akka abaluun sirbaan morma nama cabsa.

→ Akka humna ofiitti buluu barsiisa

Geerarsa

- Geerarsi gosa afoolaati.
- Afaaniin dhalootatti daddarbaa dhufe.
- Amala walaloo of keessaa qaba.
- Jechoota miira namaa tuttuqaniin dhiyaata.
- Faayidaa adda addaa qaba.
- Akkuma afoola warra kaanii qabeenya hawaasaati.

Faayidaa geerarsaa

- **Gootummaa ibsuuf,**
- **onnachiisuuf,**
- **Jabeessuuf,**
- **Bashannansiisuuf,**
- **Qeequufi k.k.f.**

Fakkeenya

Geerarsa xiiqiif geeraramu

Akuukkuutti hidhatanii

Booyyeen lagatti dhalti

Afuuftuutti himatanii

Booddeen namatti malti.

Wayyaakoo jiidhaa sanaa

Dirree biyyakoon hafee

Kanarra maal dubbanna

Erga kun hunduu hafee

Gocha

Qubee deebii sirrii qabatee jiru filadhaa.

1.Mammaaksi _____ dhalootatti darbaa dhufe.

A.Afaaniin B.Barreeffamaan C. Warraabbiin

2.Geerarsi maaliif geerarama?

A.Onnachiisuuf B.Gootummaa Ibsuuf C.Hunda

3.Jechi geerarsa jedhu maaliif maal of keessaa qaba?

A. Jabaa B. Dheeraa C.Irra Buta D.B Fi C

Deebii

Qubee deebii sirrii qabatee jiru filadhaa.

A 1.Mammaaksi _____ dhalootatti darbaa dhufe.

A.Afaaniin B.Barreeffamaan C. Warraabbiin

C 2.Geerarsi maaliif geerarama?

A.Onnachiisuuf B.Gootummaa Ibsuuf C.Hunda

D 3.Jechi geerarsa jedhu sagalee maaliif maal of keessaa qaba?

A. Jabaa B. Dheeraa C.Irra Buta D.B Fi C

Cuunfaa Barannoo

Walumaa galatti barannoo keenya har’aan

- **Mammaaksi fi geerarsi gosa afoolaa ta’uu,**
- **Lamaan isaa iyyuu afaaniin dhalootatti darbaa dhufuu,**
- **Faayidaa adda addaa qabaachuu fi k.k.f.**

Hojii Manaa

1.Nama beekaa naannoo keessan jiru gaafachuun mammaaksa barreessaa.

2. geerarsa naannoo keessanitti geeraramu dhaggeeffachuun ergaa isaa adda baasaa.